# Irra filatamaan keessan nama haalli isaa irra tolaa ta'eedha

Abdullaah ibnu Amrii irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- (baalagee) uumaa isaaniitti nama waan fokkataa hojjatuu fi dubbatu hin turre akkasuma nama waan fokkataa barbaadee hojjatus hin turre, akkas jedhu ture: «Irra filatamaan keessan nama haalli isaa irra tolaa ta'eedha».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

haasawni fokkataan yookaan hojiin fokkataan haala nabiyyii irraa hi turre -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- beekaas kan isa raawwatan hin turre, isaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- abbaa haala guddaa turani. Isaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-akkas jedhu ture: Rabbiin biratti irra caalaan keessan nama haalli isaa irra tolaa ta'eedha, toltuu hojjachuun, fuula ifuun, miidhaa nama irra qabuu, kan nama irra ga'u immoo danda'uun, waan bareedaan namootatti makamuun.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/5803